Nabiyyiin waliin salaate, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, gama mirga isaanitti akkana jechuun salaamtaa jedhu turan: «Assalaamu Aleykum warahmatullaahi wabarakaatuh» hiikni isaas: nagaan, rahmannii fi barakaan Rabbii isin irra haa jiraatu jechuudha, gama bitaa isaanitti immoo akkana jedhu turan: «Assalaamu Aleykum warahmatullaah» hiikni isaas: nagaa fi rahmanni Rabbii isin irra haa jiraatu jechuudha

Waa'il bin Hujr irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyiin waliin salaate, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, gama mirga isaanitti akkana jechuun salaamtaa jedhu turan: «Assalaamu Aleykum warahmatullaahi wabarakaatuh» hiikni isaas: nagaan, rahmannii fi barakaan Rabbii isin irra haa jiraatu jechuudha, gama bitaa isaanitti immoo akkana jedhu turan: «Assalaamu Aleykum warahmatullaah» hiikni isaas: nagaa fi rahmanni Rabbii isin irra haa jiraatu jechuudha.

[hasani] [abuu daawud odeesse]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- salaata isaanii xumuuruu yeroo barbaadan, fuula isaanii gara mirgaa garagalchanii (Assalaamu Aleykum warahmatullaahi wabarakaatuh) jedhu turan, akkasumas gara bitaa isaanittis fuula gara galchanii akkan jedhu turan: (Assalaamu Aleykum warahmatullaahi wabarakaatuhu).

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/10945